# ERGAA PHAAWULOOS
# GARA WARRA QORONTOOSIITTI
# ERGE - 1ffaa

1 Phaawuloos isa akka Erga-
maa Kiristoos Yesuusi ta'uuf
fedhii Waaqayyootiin waama-
mee fi obboleessa keenya Soos-
tenees irraa;
2 Gara waldaa Waaqaa isii
Qorontoos keessa jirtuutti, gara
warra Kiristoos Yesuusiin qulqulleef-
famanii fi warra lafa hundaa kan-
neen maqaa Gooftaa keenya Yesuus
Kiristoos isa Gooftaa isaaniitii
fi Gooftaa keenyas ta'e sanaa
waammatan cufa waliin qulqul-
loota ta'uuf waamamaniitti;
3 Ayyaanii fi nageenni Abbaa
keenna Waaqayyoo fi Yesuus
Kiristoos Gooftaa irraa isiniif
haa ta'uu.

### Galateeffachuu

4 Ani yeroo mara ayyaana
Waaqayyoo isa Kiristoos Ye-
suusiin isinii kennameef waayee
keessaniif Waaqa nan galateef-
fadha. 5 Isinis kara maraan jechuunis
dubbii fi beekumsa hundumaan
badhaataniirtuutii. 6 Wanti nu waayee
Kiristoosi dhugaa baane[a] sun isin
jidduutti mirkaneeffameera. 7 Kanaaf
otoo muldhachuu Gooftaa kee-
nya Yesuus Kiristoosii eegachaa
jirtanuu kennaan hafuuraa tok-
kolleen isin jalaa hin hirdhatu.
8 Akka isin guyyaa gooftaa keenna
Yesuus Kiristoosiitti warra mu-
daa[b] hin qabne taataniif inni
hanga dhumaatti jabeessee isin
eega. 9 Waaqni gara tokkummaa
ilma isaa Gooftaa keenna Yesuus
Kiristoosiitti isin waame sun
amanamaa dha.

### Gargari-Bayiinsa waldaa Qorontoosi keessatti uumame

10 Yaa obboleeyyani, ani akka
isin jidduu gargar-bayiisni hin
jiraannee fi akka qalbii fi yaada
tokko qabaattanii cufti keessan
walii galtaniif maqaa Gooftaa
keenya Yesuus Kiristoosiitiin
isin kadhadha. 11 Yaa obboleey-
yan kiyya, akka isin jidduu lolli
jiru mana Qaloo'ee keessaa
namoonni tokko tokko natti hi-
maniiru. 12 Wanti ani jedhus kana;
isin keessaa namni tokko, "ani
kan Phaawuloosi" jedha; Inni
kaanis, "ani kan Aphiloosii" jedha;
Kaan immoo, "ani kan keefaa ti"
jedha; Inni kaanis, "ani kan Kiris-
toosi" jedha.
13 Kiristoos gargari qoodame
moo Phaawuloosittu isinii fanni-
fame ree? Yookiin maqaa Phaawu-
loosiitti Cuuphamtani? 14 Ani Qar-
phoosi fi Gaayyoosin malee isin

[a]6 ykn *dugeessine/rageessine;* [b]8 ykn *hirdhinna.*

keessaa nama tokkollee waan hin cuuphiniif Waaqa nan galateeffadha. [15]Kanaaf namni akka isin maqaa kiyyatti cuuphamtan dubbachuu danda'u tokkoyyuu hin jiru.

[16]Ani namoota mana Isxifaanoosis akkasuma cuupheera; Garuu nama dhibii[c] tokkollee cuuphuu fi cuuphuu baachuu kiyya hin yaadadhu[d]. [17]Kiristoos akka ani wangeela lallabuuf malee akka ani cuuphuuf na hin ergineetii. Anis akka fannoon Kiristoosi humna hindhabneef dubbii qarooma fooniitiin hin lallabu.

### Kiristoos Qaroomaa fi humna Waaqayyoo ti

[18]Dubbiin fannoo warra baduutti jiraniif gowwummaadhaatii; Nu warra fayyinuuf garuu humna Waaqayyoo ti. [19]Kunis,

"Ani qarooma qarootaa nan balleesa;
hubannaa hubattootaas nan tuffadha" jedhamee barreeffameera.

[20]Namni qaroon eessa jira? Hayyuun eessa jira? Abbaan falaasama[e] bara kanaa eessa jira? Waaqayyo qarooma addunyaa kanaa gowwummaa hin goonee ree? [21]Sababii qarooma Waaqayyootiin addunyaan karaa qarooma isiitiin waan Waaqa hin beekiniif Waaqni karaa gowwummaa lallaba keennaatiin warra amanan[f] fayyisuu murteesse. [22]Yihuudonni milikkita[g] kadhatu; Girikoonni ammoo qarooma barbaadu; [23]Nu garuu Kiristoos isa fannifame sana lallabna; Innis Yihuudotatti gufuu dha; Namoota ormaatiif immoo gowwummaa dha. [24]Warra waamamaniif garuu Yihuudotaafis ta'u Girikootaaf Kiristoos humna Waaqayyoo ti; qarooma Waaqayyootis. [25]Gowwummaan Waaqayyoo qarooma namaa caalaa ogeessa; jabeenna namaa irra dadhabbii Waaqayyoottu jabaa dha.

[26]Yaa obboleeyyani, isin yeroo waamamtanitti maal akka turtan yaadadhaa! Akka ilaalcha namaatti baay'een keessan qaroo hin turre; baay'een keessanis beekamoo hin turre; baay'een keessan immoo sanyii warra gugurdaa irraa hindhalanne. [27]Waaqayyo garuu warra qarooman qaanessuuf jedhee waan addunyaa irratti gowwummaa ta'e filate. Waaqayyo warra jajjabeeyyii qaanessuuf jedhee waan addunyaa irratti dadhabaa ta'e filate. [28]Waaqayyo waan jiru akka waan hinjirree gochuuf, waan addunyaa kana irratti gadi deebi'aa fi tuffatamaa ta'e, waan bakka[h] hinqabnes filate. [29]Kunis akka eennuyyuu Waaqa duratti uf-hin jajneef. [30]Innis karaa Kiristoos Yesuusiitiin burqaa

[c]16 ykn *biraa;* [d]16 ykn *hin qaabadhu;* [e]20 ykn *nama waan haaraya bekuuf waa qoratu;* [f]21 ykn *dhugeeffatan;* [g]22 ykn *milikkeeta/malkata;* [h]28 ykn *fulaa*

jireenna keessaniiti; Waaqayyos qarooma keenna, qajeelinna keenna, qulqullinnaa fi furii keenna isa godhe. 31Kunis isa, "Namni boonu gooftaan haa boonuu" jedhamee barreeffamee dha.

2 Yaa obboleeyyani, ani yeroo gara keessan dhufetti, afaan miyeeffachuun yookiin qaroomaan icciitii[i] Waaqaa lallabaa hin dhufne. 2Ani yeroo isin bira turetti Yesuus Kiristoos isa fannifame sana malee akka beekumsa tokkollee hin qabaatin murteessee tureetii. 3Ani dadhabii fi sodaan akkasumas hollannaa guddaadhaan gara keessan dhufe. 4Ergaan kiyyaa fi lallabni kiyya muldhisuu hafuuraatii[j] fi humnaatiin ture malee dubbii qaroomaa fi sossobbii uf-keessaa qabuun hin turre. 5Kunis akka amantiini[k] keessan humna Waaqaa irratti malee qarooma namaa irratti hin hundeeffamneefi[l].

**Qarooma Hafuura Qulqulluu Irraa Argame**

6Haa ta'uu malee nu warra bilchaatan jidduutti qarooma dubbanna; Garuu qarooma addunyaa kanaa yookaan qarooma bulchitoota addunyaa kanaa kanneen baduuf jiraniiti miti. 7Qaroomni ani waayee isaa dubbadhu qarooma Waaqayyoo isa dhoffamaa kan namoota duraa dhoffame, isa Waaqni uumama addunyaatiin dura ulfinna keennaaf duraan dursee murteesse sanaa ti. 8Bulchitoota bara kanaa keessaa tokkolleen waan kana hin hubanne; isaan otoo waan kana hubatanii gooftaa ulfinnaa hin fannisan tureetii. 9Haa ta'uu malee,

"Waan iji[m] tokkoyyuu hin argine,
waan gurri tokkoyyuu hin dhageenye,
Waan garaan namaas hin yaanne,
"Waaqayyo warra isa jaalataniif qapheesseera"jedhamee barreeffameera.

10Waaqayyo hafuura qulqulluudhaan[n] waan kana nutti muldhiseera.

Hafuurri otoo yaada Waaqayyoo isa gadi fagooyyuu hin hambisini waan cufa ni qoraatii. 11Yoo hafuura isa keessa jiru sana ta'e malee yaada nama tokkoo eenyuttu beekuu danda'a ree? Akkasuma immoo Hafuura Waaqayyoo malee namni yaada Waaqayyoo beeku tokkoyyuu hin jiru. 12Nu akka kennaa Waaqayyo tola nuu kenne hubannuuf hafuura Waaqa irraa dhufe arganne malee hafuura biyya lafaa hin arganne. 13Wanni nu dubbannus kana; dubbii hafuuraan barannuun malee dubbii qarooma fooniitiin barannuun hin dubbannu; dhugaa hafuuraas dubbii hafuuraatiin ibsina. 14Namni foonii waan

[i]1 ykn *dhossaa;* [j]4 ykn *ayyaanaatii;* [k]5 ykn *dhugeeffachaani;* [l]5 ykn *hin yayyabamneefi;* [m]9 ykn *iltii;* [n]10 ykn *ayyaana woyyuun*

hafuura Waaqayyoo irraa dhufu
hin fudhatu; kun isaaf gowwum-
maadhaatii; dubbiin hafuuraa waan
hafuurumaan qoramuuf namni
foonii beekuu hin danda'u. [15]Namni
hafuuraa garuu waan hundumaa
ni qora; ufii isaatii garuu
eenyuunillee hin qoramu.
[16]" Akka isa barsiisuuf,
yaada gooftaa eennuttu beeke
ree?"
nu garuu yaada Kiristoosi qabna.

**Gargari-bayiisa Waldaa Kiris-taanaa**

3 Yaa obboleeyyani, ani akka
waan isin nama foonii taat-
aniittiifi akka waan isin Kiris-
toositti amanuutti[o] daa'imman
taataniitti malee, akka waan isin
nama hafuuraa taataniitti isinitti
dubbachuu hin dandeenye. [2]Waan
isin nyaata goggogaa nyaachuu
hin gayiniif ani aanan isin obaase
malee nyaata goggogaa isinii hin
kennine. Dhugumaan isin am-
mayyuu hin dandeenye. [3]Isin
ammayyuu nama foonii ti; sa-
babii hinaaffaa fi wal-loliisni
jidduu keessan jiruuf isin nama
fooniitii mitii ree? akkuma yaada
nama fooniitti dedeebituu mitii?
[4]Namni tokko, "ani kan Phaawu-
loosi" jedhee Inni kaan immoo,
"ani kan Aphiloosi" yoo jedhe
isin nama fooniitii mitii ?
[5]Egaa Aphiloos eenyu? Phaawu-
loosis eenyu? Isaan warra ak-
kuma gooftaan tokkoo tokkoo
isaanii ramadetti tajaajilanii
dha[p]; Isinis karaa isaaniitiin
amantan. [6]Ani nan dhaabe; Aphiloos
bishaan obaase; Waaqayyo garuu
ni guddise. [7]Kanaaf Waaqa isa
guddisu sana malee namichi dhaabu
yookiin Inni bisaan obaasu sun
womaa miti. [8]Inni dhaabus, inni
bishaan obaasus tokkuma; tok-
koon tokkoon isaaniis akkuma
dadhabbii isaaniitti gatii ni argatu.
[9]Nu hojjattoota Waaqa wajjiin
hojjannuutii; isin oobruu[q] Waaqay-
yoo ti; ijaarsa Waaqayyootis.
[10]Anis Ayyaana Waaqayyo naa
kenneen akkuma ogeessa ijaar-
saa tokkootti hundee[r] buuseera;
namni kaan immoo isa irratti
ijaaraa jira; garuu tokkoon tok-
koon namaa akkamitti akka isa
irratti ijaaru uf eegachuu qaba.
[11]Namni tokkolleen hundee duraan
buufame sana malee kan birra[s]
buusuu hin danda'uutii; hundeen
sunis Yesuus Kiristoosi. [12]Namni
kamiyyuu yoo hundee sana irratti
warqiin, meetiin, dhagaa gatii
guddaatiin, mukaan, citaan yoo-
kaan hoffaan ijaare, [13]Guyyaani
sun waan iffatti isa baasuuf hu-
jiini isaa maal akka ta'e ni
beekama; innis ibiddaan ifatti
baafama; ibiddi sunis qulqulinna
hujii nama hundaa ni qora. [14]Yoo

[o]1 ykn *dhugeeffachuutti;* [p]5 ykn *hojjatan;* [q]9 ykn *maasii/maasaa;* [r]10 ykn *yayyaba;* [s]11 ykn *dhibii*

wanni hundee sana irratti ijaarame ibidda irraa hafe namni ijaare sun badhaasa argata. [15]Namichi hujiini isaa jalaa gubate badhaasa isaa ni dhaba; inni mataan isaa garuu ni oolfama; ta'us akka nama ibidda keessaa bayeetti Oolfama.

[16]Isin mataan keessan akka mana qulqullummaa Waaqayyoo taatan, akka hafuurri[t] Waaqaalleen isin keessa jiraatu hin beettanii? [17]eenyuyyuu yoo mana qulqullummaa Waaqayyoo balleessa, Waaqayyo isa balleessa; manni qulqullummaa Waaqayyoo qulqulluudhaatii; manni qulqullummaa sunis isin.

[18]Eenyuyyuu uf hin gowwoomsin; isin keessaa namni tokko yoo addunyaa kana irratti qaroo uf-se'e, inni akka qaroo ta'uuf gowwaa haa ta'uu. [19]Qaroomni addunyaa kanaa fuula Waaqayyoo duratti gowwummaadhaatii; kunis isa, "inni qaroowwan jallinna isaaniitiin isaan qaba" jedhamee barreeffamee dha. [20]Akkasumass, "gooftaan akka yaanni qaroowwanii faayidaa hin qabne ni beeka" jedhameera. [21]Kanaafuu eennuyyuu namaan uf hin jajin! wanni cuftinuu keessaniitii. [22]Phaawuloosis ta'u Aphiloos yookiin Keefaan yookiin addunyaan yookiin jireenyi yookiin duutii yookiin wanti amma jirus ta'u wanti dhufu hundumtuu keessani. [23]Isin kan Kiristoosiitii; Kiristoos immoo kan Waaqayyoo ti.

**Ergamtoota Kiristoosi**

4 Kanaafis namni akka tajaajiltoota[u] Kiristoosiittiifi akka warra dhossaan Waaqayyoo imaanaa itti kennameetti nu haa herreguu. [2]Warri imaanaan itti kenname sunis amanamoo ta'uu qabu. [3]Yoo isiniin yookaan nama kamiiniyyuu natti murame womaattuu hin herregamu; ani ofittillee hin muru. [4]Yaanni garaa kiyyaa qulqulluu dha; kun garuu qulqullinna kiyya hin mirkaneessu; kan natti muru Gooftaa dha. [5]Kanaaf isin otoo yeroon sun hin gayin womaattuu hin murinaa; hanga Gooftaan dhufutti eegaa. Inni waan dukkana keessatti dhoffame ifatti ni baasa; hawwii garaa namaas ni muldhiisa; yeroo sana namni martinuu waaqa irraa galata ni argata.

[6]Egaa yaa obboleeyyani, ani akka isin jechi, "waan barreeffame irra hin dabrin" jedhu sun maal jechuu akka ta'e, nurraa akka barattaniif bu'aa keessaniif jedhee waan kana mara Aphiloosii fi ufii kiyyatti fakkeesseera; kunis akka isin nama tokko isa kaan caalchiftanii uf hin jajneef. [7]Eennuttu akka ati warra kaan caaltu si godhe? Wanni Waaqayyo siif

[t]16 ykn *ayyaanni;* [u]1 ykn *hojjattoota*

hin kennin kan ati qabdu maal-
faattu jira? Erga siif kennamee
immoo akka waan ufumaa ar-
gatteetti maaliif uf jajja ree?

8Amma isin waan barbaaddan
hundumaa argattaniirttu! duroom-
taniirtus! nurraa gargari baatanii
mootota taataniirtu! nus akka
isin waliin mootota taanuuf otoo
isin dhugumaan mootota taatanii
ani akkam hawwa ture! 9Waaqayyo,
nuu ergamtootaa akka namoota
duuti itti murtaayeetti waan cufa
booddee[v] waan nu dhaabe natti
fakkaataatii; nu biyya lafaa du-
ratti, maleekkotaa fi namoota
durattis mi'a daawwatamu
taaneerra. 10Nu Kiristoosiif jen-
nee gowwoota; isin garuu Kiris-
toosiin qaroowwani! nu dadhaboo
dha; isin ammoo jajjabeeyyii dha!
isin kabajamtoota[w]; nu immoo
tuffatamtoota! 11Hanga sa'aatii
ammaatti ni beeloofna; ni dhee-
bonna; uffata moofaa[x] uffanna;
ni reebamna[y]; mana jireenyaas
hin qabnu. 12Harkuma keennaan
hojjachuunis ni dadhabna; yom-
muu abaaramnu ni eebbifna;
yommuu akka malee rakkannus
ni obsina. 13Yommuu arrabsamnu,
waan gaarii deebifna; hanga yeroo
kanaattis xurii lafaatii fi kosii
addunyaa taaneerra.

14Kanas isinii barreessuun kiyya
akka ijoollee kiyya kanneen
jaalatamaniitti isin gorsuuf
malee isin qaaneessuufii miti.
15Isin yoo karaa Kiristoosiitiin
guddiftoota kuma hedduu qa-
baattaniyyuu, abbootii baay'ee
hin qabdan; ani Kiristoos Ye-
suusiin karaa wangeelaatiin ab-
baa keessan ta'eeraatii. 16Kanaaf
ani akka isin fakkeenya kiyya
hordoftan isin kadhadha. 17Sa-
babii kanaafis ani ilma kiyya isa
jaaladhu; kan gooftaattis amana-
maa ta'e Ximootewoosin gara
keessanitti ergeera; innis waayee
jireenna kiyya kan Kiristoos
Yesuus keessaa, barsiisa ani
bakka[z] maratti waldaa Kiris-
taanaa mara keessatti barsiisuu
waliin deemu sana isin yaada-
chiisa[a].

18Isin keessaa namoonni gariin
garuu waan ani gara keessan hin
dhufne se'anii uf tuuluu jalqa-
baniiru. 19Yoo fedhii Waaqayyoo
ta'e garuu ani dafee gara keessan
nan dhufa; sana booddees waan
uf-tuultoonni kunniin dubbatan
qofa otoo hin ta'in humna isaaniis
beekuu nan barbaada. 20Moo-
tummaan Waaqayyoo humnaani
malee dubbiinii miti. 21Isin maal
barbaaddu? Ani ulee qabadhee
gara keessan dhufa moo yookaan
jaalalaafi hafuura qajeelummaatiin
gara keessan dhufa?

[v]9 ykn *duubatti;* [w]10 ykn *ulfinna qabeey-yii;* [x]11 ykn *dullacha;* [y]11 ykn *dhaan-amna;* [z]17 ykn *fulaa;* [a]17 ykn *qaaba-chiisa*

### Halalummaa waldaa keessa Jiru

**5** Akka halalummaan[b] namoota ormaa keessattillee hin beekamin isin jidduu jiru ni odeeffama; namni niitii abbaa isaa fudhate tokko jiraatii. 2Isinis uf-tuultaniirtu! qooda kanaa akkamalee gadditanii[c] namicha waan akkasii hojjate sana tokkummaa keessan keessaa baasuuni isin irra hin jiruu? 3Ani fooniin isin biratti argamuu baadhullee hafuuraan[d] isin wajjiin jira; akka waan ani isin bira jiruuttis namicha waan akkasii hojjatetti ammuma muraa. 4Yommuu isin maqaa Gooftaa keenya Yesuusiitiin walitti qabamtanitti anis waan humna Gooftaa keenya Yesuusiitiin, hafuuraanis isin biratti argamuuf, 5Akka foon isaa balleeffamuuf, akka lubbuun isaa immoo guyyaa Gooftaatti fayyituuf namicha sana dabarsaatii Sheexanatti kennaa.

6Uf-tuuluun keessan gaarii miti; isin akka raacitiin[e] xiqqoon bukoo cufa bukeessitu hin beettanii? 7Isin waan bukoo raacitii hinqabne taataniif akka bukoo haaraya taatan raacitii qammane uf-keessaa baasaatii gataa; hoolaan faasiikaa keenna Kiristoos aarsaa[f] ta'eeraatii. 8Kanaafuu koottaa raacitii jallinnaatii fi hammeennaa yookiin raacitii moofaan[g] otoo hin ta'in, qixxaa qulqullinnaatii fi dhugaatiin, qixxaa raacitii hin qabneen ayyaanicha haa ayyaaneffannuu.

9Ani akka isin namoota halalummaan jiraatan waliin walitti dhufeenya hin qabaanneef xalayaa kiyya keessatti isinii barreessee ture. 10Kunis matumaa[h] namoota halalummaan addunyaa kana irra jiraatan yookaan ufittootaa fi saamtota yookaan warra waaqa tolfamaa waaqeffatan jechuu kiyyaa miti; otoo akkas ta'ee immoo addunyaa kana keessaa bawuutu isin irra ture. 11Amma garuu akka isin nama, "ani obboleessa" ufiin jechaa halalummaan jiraatu yookiin ufittoo yookiin nama waaqa tolfamaa waaqeffatu yookiin nama nama arrabsu yookiin machooftuu yookiin saamtuu wajjiin walitti dhufeenna hin qabaannef isinii barreessuu kiyya; nama akkasii wajjiin nyaatallee hin nyaatinaa!

12Ani akka warra waldaa kiristaanaatii ala jiranitti muru maaltu keessa na galche? Isin namoota waldaa Kiristaanaa keessa jiranitti hin murtanii? 13Waaqayyo warra ala jiranitti ni mura; "isin nama hamaa uf keessaa baasaa !"

### Wal-himannaa Amantootaa

**6** Isin keessaa namni tokko yoo obboleessa isaatiin wal-dhabe

[b]1 ykn *hawadiin*; [c]2ykn *laaleffattanii;* [d]3 ykn *ayyaanaan;* [e]6 ykn *waan daakuun bukeessan;* [f]7ykn *sooriyoo;* [g]8 ykn *dullattiin;* [h]10 ykn *akkanallee jedhee*

dhimma isaa qulqulloota duratti dhiyeeffachuu irra akkamitti warra Waaqatti hin amanin[i] duratti dhiyeeffachuuf kutatee ka'a? **2**Isin akka Qulqulloonni biyya lafaatti muran hin beettanii? Eegii kan addunyaatti murtani taatanii waan xixiqqootti muruu hin dandeettanii? **3**Isin akka nu maleekkotatti murru hin beettanii? Yoos hagam caalaa waan addunyaa kanatti haa murruu ree? **4**Egaa yoo wal-dhabiinsa akkasii qabaattan akka isaani muraniif namoota waldaa Kiristaanaa keessatti fudhatama hin qabne filadhaa! **5**Anis isin qaaneessuuf waan kana nan dubbadha; namni beekaan wal-dhabiinsa amantoota jidduu jiruuf murtii kennuu danda'u tokkoyyuu hin jiru jechuun ni danda'amaa? **6**Obboleessi tokko obboleessa kaan himachuuf jedhee mana murtii dhaqa; kunis fuula warra hin amannee duratti!

**7**Wal-himachuuni isin jidduu jiraachuun mataan isaa guutumaatti moo'atamuu keessan muldhisa; qooda kanaa ufii miidhamuu isinii hin wayyuu? Yookaan ufii keessanii gowwoomfamuu isinii hin wayyuu? **8**Garuu isin mataani keessanyyuu nama gowwoomsitu; nama miitus; kanas obboleeyyanuma keessan irratti raawwattu[j].

**9**Isin akka namoonni hamooni mootummaa Waaqayyoo hin dhaalle hin beettanii? hin gowwoominaa; halaleewwan[k] yookaan warri waaqa tolfamaa waaqeffatan yookaan ejjitoonni[l] yookaan dhiroonni sagaagalan[m] yookaan middiisonni[n], **10**yookaan hattoonni yookaan uittoonni yookaan machooftonni yookaan warri nama arrabsan yookaan saamtonni mootummaa Waaqayyoo hin dhaalan. **11**Isin keessaas namoonni tokko tokko akkas turan; ta'us isin maqaa gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiitii fi hafuura waaqa keennaatiin dhiqamtaniirtu; qulqullooftaniirtu; qajeeltotas taataniirtu.

### Halalummaa

**12**"Wanti martinuu naa eeyyamameera" kan faayidaa qabu garuu hunduma isaatii miti; "wanti martinuu naa eeyyamameera" garuu wanti tokkoyyuu na hin moo'atu. **13**"Nyaanni garaaf, garaanis nyaataafi;" Waaqayyo garuu lachan isaaniyyuu ni balleessa. Nafti Gooftaa tajaajiluuf[o] malee halalummaafii miti; Gooftaanis Nafaaf. **14**Waaqni Gooftaa Yesuusin warra du'an keessaa kaaseera; nus humna isaatiin ni kaasa. **15**Akka nafti keessan kutaa nafa Kiristoos

[i]1 ykn *hin dhugeeffatin;* [j]8 ykn *hojjattan;* [k]9 ykn *hawadattootii;* [l]9 ykn *sharmuuxootii;* [m]9 ykn *turquuqan;* [n]9 ykn *bukkeen/ gadheen/daanseen;* [o]13 ykn *hujii gooftaa hojjachuuf*

ta'e isin hin beettanii? Yoos ani kutaa nafa Kiristoosi fuudhee kutaa nafa sagaagaltuu godhuu ree? Kun matumaa[p] hin ta'u!
16Namni sagaagaltuu wajjiin walqunnamtii saalaa qabu tokko akka isii wajjiin nafa tokko ta'u isin hin beettanii? "lachuu foon tokko ni ta'u" jedhamee barreeffa meeraatii.
17Namni Gooftaatti of maxxanse garuu Gooftaa waliin hafuuraan tokko ta'a.

18Halalummaa irraa baqadhaa; namni cubbuu dhibii[q] hunda nafa isaatii alatti hojjata; namni ejju garuu nafuma ufii irratti cubbuu hojjata.
19Nafti keessan akka mana qulqullummaa hafuura qulqulluu[r] kan isin keessa jiraatu sanaa ta'e hin beettanii? hafuura kanas Waaqaa irraa argattani; Isin kan ufii keessaniitii miti.
20Isin gatiin bitamtani; kanaafis nafa keessaniin Waaqayyoof ulfinna kennaa.

### Waayee Fuudhaa fi Heerumaa

7 Waayee waan isin naa barreessitan sanaa ilaalchisee, namni tokko otoo fuudhuu baatee isaaf gaarii dha.
2Garuu waan halalummaan[s] akka malee baay'ateef dhiirri hundi niitii ufii haa qabaatuu; dubartiin hundis dhiirsa ufii ishii haa qabaattuu.
3Dhiirsi itti gaafatamummaa dhiirsa tokko irraa eegamu niitii isaatiif haa raawwatuu[t]; Niitiinis akkasuma itti gaafatamummaa niitii tokko irraa eegamu dhiirsa isiitiif haa raawwattu.
4Niitiini nafa ufii ishii irratti aangoo[u] hin qabdu; kan aangoo qabu dhiirsa; akkasuma immoo dhiirsii nafa ufii isaa irratti aangoo hin qabu; kan aangoo qabdu niitiidha.
5Yoo kadhannaatti jabaachuuf jettanii itti walii galtan malee wal-hin didinaa; eegasiis akka uf-qabuu dadhabuu keessaniin Sheexanni isin hin qorre deebi'aa waliin jiraadhaa.
6Anis isin gorsuuf malee isin ajajuuf waan kana hin dubbadhu.
7Silaa otoo namni hundumtuu akkuma kiyya ta'ee ani nan hawwa ture; garuu namni hundi kennaa ufii isaa kan Waaqayyo isaaf kennee qaba; inni tokko kennaa tokko, kaan[v] immoo kennaa addaa qaba.

8Ani warra hin fuudhiniifi warra hin heeruminiin, warra dhiirsi isaanii irraa du'eenillee akkanan jedha. Isaan yoo akkuma kiyya kophaa jiraatan isaanii wayya;
9Yoo uf qabuu dadhaban garuu haa fuudhanii yookiin haa heerumanii; hawwiin gubachuu irra fuudhuu yookiin heerumuu woyyaatii.

10Warra fuudheefi warra heerumeefis ajajni ani kennu kana; ajaja kanas Gooftaattu kenna

[p]15 ykn *akkanallee jedhee;* [q]18 ykn *biraa;* [r]19 ykn *ayyaana woyyuu;* [s]2 ykn *hawadiin;* [t]3 ykn *haaguutuu;* [u]4 ykn *jabeenna;* [v]7 ykn *kuun*

malee anaa miti; niitiin dhiirsa ishiitiin gargari hin bayin. [11]Yoo gargari baate garuu otoo hin heerumin haa jiraattuu; yoo kanaa achii dhiirsa isiitti haa araaramttu; dhiirsis niitii isaa gadi hin dhiisin.

[12]warra hafaniinis ani akkanan jedha; kana ammoo anattu jedha malee Gooftaa miti; obboleessi kamiyyuu yoo niitii hin amanin[w] qabaate, yoo isiinis isaa waliin jiraachuuf fedhii qabaatte, inni gadi isii hin dhiisin. [13]Dubartiin tokkos yoo dhiirsa hin amanin qabaatte, yoo innis ishii waliin jiraachuuf fedhii qabaate, ishiin gadi isa hin dhiisin. [14]Dhiirsi hin amanin karaa niitii isaatiin qulqulleeffameeraatii; niitiin hin amaninis karaa dhiirsa isiitiin qulqulleeffamteertii. Yoo kanaa achii ijoolleen keessan xuraawoo ta'u; amma garuu qulqullaawoo dha.

[15]Namni hin amanin garuu yoo gargari bawuu fedhe gargari haa bawuu; namichi amanu yookiin dubartiin amantu tokko haala akkasii keessatti hin hidhamne; Waaqayyo akka nu nagayaan jiraannuuf nu waameraatii. [16]Yaa niitii, ati dhiirsa kee ni fayyifta ta'aati maal beetta? yookaan yaa dhiirsaa, ati niitii tee ni fayyifta ta'aatii maal beetta?

[17]Namni cufti garuu akkuma jireenya gooftaan kenneefitti, akkuma Waaqayyo isa waamettis haa jiraatuu; waldoota kiristaanaa cufa keessattis ajajni kiyya kanuma. [18]Namni erga dhagna qabatee[x] waamame tokko akka waan dhagna hin qabatinii hin ta'in; namni otoo dhagna hin qabatin waamames dhagna hin qabatin. [19]Ajaja Waaqayyoo eeguuttu faayidaa qaba malee gadoomuun yookiin gadoomuu baachuun faayidaa hin qabu. [20]Namni hundi haaluma yeroo Waaqayyo isa waame sana keessa ture keessa haa jiraatuu.

[21]Ati yeroo waamamtetti garba turtee? yoo akkas ta'e inni si hin yaaddessin; yoo bilisa bawuu[y] dandeette garuu isa filadhu. [22]Namni yeroo gooftaadhaan waamametti garba ture inni birmaduu gooftaatii; akkasuma immoo namni yeroo waamametti balchaa ture inni garbicha Kiristoosiiti. [23]Isin gatiidhaan bitamtan; garboota namootaa hin ta'inaa. [24]Kanaaf yaa obboleeyyan, namni hunddi haaluma yeroo itti waame sana keessa tureen fuula Waaqayyoo dura haa jiraatuu.

[25]Waayee dubraatii fi qeerrowwanii ani ajaja gooftaan natti kenne hin qabu; garuu akka nama araara gooftaatiin amanamaa ta'e tokkootti yaada kiyya

[w]12 ykn *hin dhugeeffatin;* [x]18 ykn *qabaanqabaa qabatee/godoomee;* [y]21 ykn *balchoomuu*

nan kenna. 26 Sababii dhiphinna bara ammaatiif jettanii akkuma jirtanitti turuun isiniif gaarii natti fakkaata. 27 Ati yoo niitii fuutee isii irraa gargari bawuu hin barbaadin; yoo hin fuudhin immoo fuudhuu hin barbaadin. 28 Ati Garuu yoo fuute cubbuu hojjachuu keetii miti; dubri tokkos yoo heerumte cubbuu hojjachuu ishiitii miti; ta'us addunyaa kana irratti warra fuudhanii fi warra heeruman rakkinna baay'eettu argata; ani immoo rakkinna kana jalaa isin baasuu barbaada.

29 Yaa obboleeyyan, wanti ani jedhu kana; guyyaani murteeffame sun baay'ee dhiyaateera; ammaan achi warri niitii qaban akka waan hin qabaatiniitti haa jiraatanii. 30 Warri boo'an akka waan hin booyiniitti, warri gammadan akka waan hin gammadiniitti, warri waa bitatan akka wanni bitatan sun kan isaanii hin ta'iniitti, 31 Warri waan biyya lafaatti fayyadamanis akka waan itti hin fayyadaminiitti haa lakkaa'anii[z]; bifti addunyaa kanaa ni badaatii.

32 Ani akka isin yaaddoo malee jiraattan nan hawwa; namni hin fuudhin tokko gooftaa gammachiisuuf waayee hujii gooftaatti jabaata. 33 Namni fuudhe garuu niitii isaa gammachiisuuf waayee haajaa biyya lafaatti jabaata. 34 Fedhiini isaas gargari qoodameera. Dubartiin hin heerumin yookaan dubri qarreen[a] foonii fi Hafuuraan[b] qulqulluu ta'uuf hujii gooftaatti jabaatti. Dubartiin heerumte garuu dhiirsa ishii gammachiisuuf jettee haajaa biyya lafaatti jabaatti. 35 Kana jechuun kiyyas akka isinitti toluuf malee kiyyoo keessa isin galchuufii miti; qooda kanaa akka isin yaada gargari hin hiraminiin karaa qajeelaa irra gooftaaf jiraattani nan hawwa.

36 Abbaan fedheyyuu yoo dubra kaadhimate[c] tokko sirriitti qabuu baate, yoo umriin ishii ida'aa deeme, innis yoo isii fuudhuu barbaade akkuma fedhii isaa haa godhuu; kun cubbuu mitii wal haafuudhan. 37 Karaa biraa[d] immoo namni otoo dirqama tokkollee hin qabaatiin yaaduma ufiitiin dubra kadhate sana dhiisuu barbaade, yoo waan kanas yaada isaa keessatti cimsee murteeffate inni waan qajeelaa hojjate.

38 Kanaaf namni dubra fuudhu waan qajeelaa hojjate; Inni fuudhuu dhiise immoo caalaa waan qajeelaa hojjate.

39 Dubartiin tokko hanga dhiirsi ishii jirutti isatti idhamteerti; yoo dhiirsi ishii du'e garuu nama barbaaddetti heerumuu ni dandeetti; garuu inni nama gooftaa ta'uu

[z]31 ykn *haa hedanii;* [a]34 ykn *qulqullittiini;* [b]34 ykn *ayyaanaan;* [c]36 ykn *kadhate/ naqate;* [d]37 ykn *dhibiin*

qaba. [40]Akka yaada kiyyaatti garuu isiin yoo otoo hin heerumin hafte ni gammaddi; anis waan Hafuura Waaqaa uf-keessaa qabu nan se'a.

### Foon Waaqota Tolfamoof Dhiyeeffame

8 Waayee foon waaqota tolfamoof dhiyeeffamee akka nu cuftinuu beekumsa qabnu beenna; beekumsi uf nama tuulchisa; jaalalli garuu nama ijaara. [2]Namni kamiyyuu yoo waan waa beeku uf -se'e inni ammallee akka beekuun isa irra jirutti hin beenne. [3]Namni Waaqa jaalatu garuu Waaqa biratti beekamaa dha.

[4]Egaa waayee foon Waaqota tolfamoof dhiyeeffame nyaachuu irratti akka waaqonni tolfamoon jireenya dhugaa hin qabne, Waaqa tokkicha malees akka Waaqni dhibiin[e] hin jirre beenna. [5]Ta'us akka Waaqonni baay'eenii fi gooftonni baay'een lafa irra jiran beekamaa dha; akkasuma immoo wanti waaqota tolfamoo jedhaman yoo samii irra yookaan lafa irra jiraatanillee, [6]Nu garuu kan wanni martinuu isaan taate, kan nuus isaaf jiraannu Waaqa tokkicha Abbaa qabna; akkasuma immoo kan wanni martinuu karaa isaatiin taate, kan nuus karaa isaatiin jiraannu gooftaa tokkicha Yesuus Kiristoosin qabna.

[7]Namni waan kana beeku garuu nama cufaa miti; namoonni tokko tokko waaqota tolfamoo waaqeffachuu waan bartee[f] godhataniif yommuu nyaata akkanaa nyaatanitti akka waan waaqota tolfamoof dhiyeeffameetti hedu[g]; Yaanni garaa isaaniis waan dadhabaa ta'eef ni xuraawa. [8]Nyaanni garuu Waaqatti nu hin dhiyeessu; yoo nyaachuu baanne wanti nu jalaa hirdhatu hin jiru; yoo nyaannes wanti nuu ida'amu hin jiru.

[9]Ta'us akka bilisuumaan[h] keessan kun warra dadhabootti gufuu hin taaneef uf-eegadhaa. [10]Namni Yaada dadhabaa qabu tokko yoo otoo atiyyuu namni beekumsa qabdu mana qulqullummaa waaqa tolfamaa keessatti nyaattuu si arge inni waan waaqota tolfamoof dhiyeeffame sana nyaachuuf ija[i] hin jabaatuu ree? [11]Kanaafuu obboleessi dadhabaan Kiristoos isaaf jedhee du'e kun beekumsa keetiin bada. [12]Isinis yoo karaa akkasiitiin obboleeyyan keessan miitani, yaada isaanii isa dadhabaas yoo madeessitani Kiristoosin miidhuu keessani. [13]Kanaaf yoo wanni ani nyaadhu obboleessa kiyya gufachiise, ani akka obboleessi kiyya hin gufanneef matumaa[j] deebi'ee foon hin nyaadhu.

### Mirga Ergamaa Tokkoo

9 Ani nama bilisa[k] ta'ee mitii? Ani ergamaa mitii? Ani gooftaa

[e]4 ykn biraa*;* [f]7 ykn *aadaa/duudhaa;* [g]7 ykn *lakkaawu;* [h]9 ykn *balchoomii;* [i]10 ykn *adda;* [j]13 ykn *akkanallee jedhee;* [k]1 ykn *balchaa*

keenya Yesuusin hin arginee? Isinis karaa gooftaa keessatti bu'aa hujii kiyyaatii mitii? **2**Ani yoo warra kaaniif ergama ta'uu baadhellee isiniif dhugumaan ergamaa dha! Isin karaa gooftaatiin chaappaa ergamtummaa kiyyaatii.

**3**Deebiin ani warra na qoraniif kennu kana. **4**Nu waa nyaachuu fi waa dhuguuf mirga hin qabnuu? **5**Nu akkuma ergamtoota kaanii, akkuma obbooleeyyan gooftaatii fi akkuma Keefaa niitii amantu tokko uf faana fudhannee deemuuf mirga hin qabnuu? **6**Yookiin namni soora[l] argachuuf hojjachuu malu anumaa fi Barnaabaas qofaa?

**7**Namni baasii ufiitiin loltuu ta'ee tajaajilu[m] eenyu? Namni biqiltuu wayinii oobruu[n] ufii irra dhaabee firii[o] isaa hin nyaanne eenyu? kan Horiis tissee aanan isaa irraa hin dhunne eenyu? **8**Kanas ani akka yaada namaatti dubbadhaa? Seerris kanuma dubbataa mitii? **9**Seera Muusee keessatti, "qotiyyoo midhaan siribsiisu[p] tokko afaan hin hidhin" jedhamee barreeffameeraatii; Waaqayyo qotiyyoof yaaduu isaatii ree? **10**Inni guutummaatti waayee keenna dubbachuu isaatii mitii? Eeyee, kun waayee keennaaf barreeffame; sababiin isaa inni qotu qotuun isaa, inni midhaan dhoofsisus dhoofsisuun isaa akka midhaan sana keessaa qoodatu abdachuudhaani. **11**Nu sanyii hafuuraa isin keessatti facaafnee yoo waan foonii isin irraa arganne ni baayi'ataa ree? **12**Erga warri kaan mirga gargaarsaa kana isin irraa qabaattanii, nu immoo kana caalu hin qabaannuu ree?

Nu garuu mirga kanatti hin fayyadamne; nu wangeela Kiristoosiitti gufuu ta'uu mannaa[q] waanuma mara obsuu qabna. **13**Isin akka warri mana qulqulluummaa keessa tajaajilan nyaata isaanii mana qulqullummaa irraa argatan, akka warri iddoo aarsaa[r] tajaajilan immoo waan iddoo aarsaatti dhiyeeffamu irraa qoodatan hin beettanii? **14**Akkasuma immoo akka warri wangeela lallaban waan ittiin jiraatan wangeeluma irraa argatan gooftaan ajajeera.

**15**Ani garuu mirga kana keessaa tokkottillee hin fayyadamne; kanas isinii barreessuun kiyya waan akkasii naa gootu jedhee abdadheetii miti; ani qooda namni tokko waan ani ittiin boonu kana na jalaa busheessu irra du'uu naa wayya! **16**ta'us ani yommuu wangeela lallabu boonuu hin danda'u; lallabuun dirqama[s] kiyyaatii; Yoo wangeela lallabuu baadhe anaa woyyoo! **17**Ani yoo fedhii kiyyaan

[l]6 ykn *nyaata;* [m]7 ykn *hojjatu;* [n]7 ykn *maasaa/maasii;* [o]7 ykn *midhaani;* [p]9 ykn *dhawu;* [q]12 ykn *biraa;* [r]13 ykn *fulaa sooriyoo;* [s]16 ykn *hujii giddii*

lallabe badhaasa qaba; yoo fedhii
kiyyaan hin ta'in garuu ergamni
imaanaa natti kennamuu isaa ti.
18Yoos badhaasni kiyya maali
ree? Innis isuma kana; ani yom-
muu wangeela lallabutti otoo
mirga kiyyatti hin fayyadamin
tola lallabuu kiyya.

19Ani nama bilisa ta'ee dha;
eennuufillee garbichaa miti. Ta'us
namoota baay'ee Kiristoosiif
booji'uuf jedhee garbicha nama
cufaa uf-godheera. 20Ani Yihuu-
dota booji'uuf jedhee Yihuudota
biratti akka Yihuudii tokkoo ta'e;
yoo ufii kiyyaa seera jala jiraachuu
baadhellee, warra seera jala jiran
booji'uuf jedhee akka nama seera
jala jiruu ta'e. 21Ani otoo seera
Waaqayyootiin ala hin ta'ini,
otuma seera Kiristoosi jala jiruu
warra seera hin qabne booji'uuf
jedhee isaan biratti akka nama
seera hin qabnee nan ta'e. 22Ani
warra dadhaboo boojiuuf jedhee
isaan biratti akka nama dadhabaa
tokkoo ta'e; karaa danda'amu
hundaan namoota tokko tokko
fayyisuuf jedhee nam hunda biratti
waanuma hunda ta'e. 23Akka
eebba wangeelaa keessatti hir-
maadhuufis sababii wangeelaatiif
jedhee waan kana mara hojjadha.

24Dorgommii fiigichaa tokko
keessatti akka warri fiigan mar-
tinuu dorgoman, garuu akka namni
tokko qofti badhaafamu hin
beettanii? Isinis akkasuma akka
badhaasa argattaniif fiigaa!
25Namni dorgommii keessatti dor-
gomu cuftnuu leenjii cimaa
keessa dabra; isaan gonfoo[t] badu
argachuuf waan kana godhan; nu
garuu gonfoo bara baraan jiraatu
argachuuf waan kana goona.
26Kanaaf ani akka nama kaayyoo
malee fiiguutti hin fiigu; akka
nama qilleensa rukutuutti[u] hin
lolu. 27Garuu ani warra kaan
barsiisee akka ufii kiyyaa immoo
nama gatame hin taaneef nafa
kiyya dhaanee akka inni naa
ajaajamu nangodha.

### Fakkeenna Israa 'elootaa Irraa haa Barannuu

**10** Yaa obboleeyyani, akka
abbootiin keenya hundi
duumessa jala turan, akka hundi
isaaniis galaana keessa dabran
akka beettan nan barbaada.
2Marti isaaniis hordoftoota Muusee
ta'anii duumessaa fi galaanaan
cuuphaman. 3Marti isaaniis nyaata
hafuuraa tokkicha nyaatan. 4Cufti
isaaniis dhugaatii hafuuraa tok-
kicha dhugan. Isaan qarsaa ha-
fuuraa isa isaan waliin deemaa
ture irraa dhuganiiruutii; qarsaan
sunis Kiristoos ture. 5Haa ta'uu
malee Waaqayyo hedduu isaaniitti
hin gammanne; reeffi isaaniis
lafa onaatti[v] harca'ee hafe.

6Wanti kun akka nu waan hamaa

[t]25 ykn *ruufa;* [u]26 ykn *dhawuutti;* [v]5 ykn *alootti*

isaan hawwan sana hin haw-
wineef fakkeenya ta'ee nuu
kenname. 7Akka isaan keessaa
namoonni tokko tokko Waaqota
tolfamoo waaqeffatan isin waaqota
tolfamoo hin waaqeffatinaa; kunis,
isa "namoonni nyaachuu fi dhu-
guuf tataa'an; sirbuufis ka'an"
jedhamee barreeffamee dha.
8Akka isaan keessaa namoonni
tokko tokko ejja[w] raawwachuu[x]
isaaniitiin guyyaa tokkotti namoonni
kuma diddamii sadii dhuman
sanaa nu ejja raawwachuu hin
qabnu. 9Akka jara isaan keessaa
Gooftaa qoruu isaaniitiin boofti
isaan iddee ajjeeffaman sanaa nu
Gooftaa qoruu hin qabnu. 10Isin
akka jara isaan keessaa gungu-
muu isaaniitiin maleekkaa nama
ajjeesuun ajjeefaman sanaa hin
gunguminaa.
11Kun hundi akka fakkeenna
ta'uuf isaan irratti raawwatame;
nu warra dhumni biyya lafaa itti
dhufeef immoo akka uf eegan-
naa ta'uuf barreeffame. 12Kanaaf
namni waan jabaatee dhaabate
uf-se'u kamiyyuu akka hin kuf-
neef[y] uf haa eegatuu. 13Qoramni
qorama nama kaanitti dhufeen
adda ta'e tokkoyyuu isinitti hin
dhufne; Waaqayyos amanamaa
dha. Inni akka isin dandeettii
keessanii olitti qoramtan isin hin
dhiisu; yommuu qoramtanitti garuu
akka obsuu dandeessaniif karaa
ittiin keessaa baatan isinii bana.

**Waaqota Tolfamoo Irraa Fagaachuu**

14Kanaaf yaa jaallan[z] kiyya,
isin Waaqota tolfamoo waaqef-
fachuu irraa fagaadhaa. 15Ani
namoota hubannaa qabanitti
dubbadha; waan ani dubbadhu
isinuu murteessaa. 16Xuwwaan[a]
eebbaa kan nu eebbifnu sun dhiiga
Kiristoosii waliin tokkummaa qa-
baa mitii? buddeenni nu cabsinu
sunis foon Kirisotoosii waliin
tokkummaa qabaa mitii? 17Waan
Buddeenni tokkichi jiruuf, cufti
keenyas waan buddeenuma tok-
kicha sana irraa hirmaannuuf
baay'annullee nu nafuma tokko.
18Mee saba Israa'elii ilaalaa;
warri aarsaa[b] irraa nyaatan sun
iddoo[c] aarsaa irraa qooda qabuu
mitii? 19Egaa maal jechuu kiyya
ree? aarsaan waaqota tolfamoof
dhiyeeffamu wayi jechuu kiyya
moo? Yookaan waaqni tolfamaan
wayi jechuu kiyyaa ree? 20Ak-
kasii miti; namoonni ormaa aar-
saa dhiyeessan jinniiwwaniif
dhiyeessu malee Waaqayyoofii
miti; Anni akka isin jinniiwwan
waliin tokkummaa qabaattan hin
barbaadu. 21Isin xuwwaa Gooftaatii
fi xuwwaa jinniiwwanii dhuguu
hin dandeettan; maaddii[d] Gooftaatii

[w]8 ykn *hawadii;* [x]8 ykn *hojjachuu;* [y]12 ykn *hinjinneef;* [z]14 ykn *michoota/ hiriyyoota*; [a]16 ykn *muduunuun/ waaccaan*; [b]18 ykn *sooriyoo;* [c]18 ykn *fulaa;* [d]21 ykn *golola*

fi maaddii jinniiwanii irrattis hirmaachuu hin dandeettan. 22Nu hinaaffaaf Gooftaa kakaafnaa ree? Jabeennaanis isa caallaa ree?

**Bilisummaa Amantootaa**

23"Wanni hundinuu eeyyamamaa dha;" kan faayidaa qabu garuu waan hundaa miti; "wanni hundinuu eeyyamamaa dha;" kan nama qulqulleessu garuu waan hundaa miti. 24Namni martinuu bu'aa ollaa isaa malee bu'aa ufii isaa qofa hin barbaadini.

25Otoo Gaafii yaada garaa tokkollee hin kaasin waan gabayaa fooniitti gurguramu kamiyyuu nyaadhaa; 26"Laftiifi wanti isii keessa jiru cuftinuu kan Gooftaa tii."

27Warra hin amanin keessaa yoo namni tokko nyaataaf isin affeeree, yoo isinis dhaquu barbaaddan dhaqaa; otoo gaafii yaada garaa tokkollee hin kaasin waan isin duratti dhiyeefffame kamiyyuu nyaadhaa. 28Garuu yoo namni tokko, "kun waaqota tolfamoof dhiyeeffame" isiniin jedhe, sababii namicha isinitti hime sanaatii fi sababii yaada garaa isaatiif waan sana hin nyaatinaa. 29Kanas yaada garaa namicha sanaa malee yaada garaa keetii jechuu kiyyaa miti; maaliif yaada garaa nama dhibiitiin[e] bilisummaa[f] kiyyatti murama ree? 30Ani eegii Galateeffachuudhaan nyaata sana irratti kan hirmaadhu ta'ee maaliif waan ittiin waaqa galateeffadhuuf jedhee balaaleffatama[g] ree?

31Kanaafuu yoo nyaattan yookiin yoo dhuddan yookiin yoo waanuma fedhellee hojjattan waan cufa ulfinna Waaqayyootiif hojjadhaa. 32Yihuudota yookaan Giriikoota yookaan waldaa kiristaanaa Waaqayyoo hingufachiisinaa. 33Kunis kanuma ani nama mara karaa maraan gammachiisuuf yaalii godhuudha; Ani akka isaan fayyaniif malee ufii kiyyaaf jedhee waan kana hingodhu.

**11** Akkuma ani fakkeenya Kiristoosi hordofu, isinis fakkeenya kiyya hordofaa.

**Sirna Waaqeffannaa**

2Ani sababii isin waan cufaan na yaadattanii[h] fi waan bartee[i] ani dabarsee isinitti kennes jabeessitanii qabataniif isin galateeffadha.

3Ani akka mataan dhiira hundumaa Kiristoos ta'e, akka mataan dubartii dhiira ta'e, akka mataan Kiristoosii immoo Waaqayyo ta'e akka beettan nan barbaada. 4Dhiirri mataa isaa haguugatee kadhatu yookiin raajii dubbatu[j] martinuu ufuma salphisa. 5Dubartiin otoo mataa isii hin haguugatin waaqa kadhattu yookiin raajii dubbattu tamiyyuu uf salphiftii; kun akka

[e]29 ykn *biraatiin;* [f]29 ykn *balchummaa;* [g]30 ykn *mormama?;* [h]2 ykn *qaabattaniif;* [i]2 ykn *aadaa/duudhaa;* [j]4 ykn *waa fagu/ dubbii raagaa dubbatu*

waan mataan isii haadameetti lakkaa'amaatii. 6Dubartiin tokko yoo mataa isii haguugachuu baatte rifeensa mataa isii murachuu qabdi; dubartiin rifeensa mataa isii murachuun yookiin haadachuun qaanii itti ta'e immoo mataa isii haguugachuu qabdi. 7Dhiirri bifaa fi ulfinna Waaqayyoo waan ta'eef mataa isaa haguugachuu hin qabu; dubartiin garuu ulfinna dhiiraa ti. 8Dubartiitu dhiira irraa argame malee dhiirri dubartii irraa hin argamneetii. 9Dubartiitu dhiiraaf uumame malee dhiirri dubartiif hin uumamne. 10Dubartiin tokko sababii maleekkotaatiif jettee milikkita[k] aangoo[l] jala jiraachuu ishii agarsiisu mataa ishii irraa qabaachuu qabdi.

11Ta'us Gooftaa biratti dubartiin dhiira malee yookiin dhiirri dubartii malee hin tolu. 12Akkuma dubartiin dhiira irraa argamte akkasuma immoo dhiirri dubartii irraa dhalateetii; wanni hundi garuu Waaqa irraa argama. 13Mee isinuu murteessaa; dubartiin otoo mataa isii hin haguugatin Waaqa kadhachuun sirrii dhaa[m]?. 14Akka dhiirri rifeensa mataa dheerreffachuun isaaf salphinna ta'e uumamniyyuu isin hin barsiisuu? 15Dubartiin garuu yoo rifeensa mataa dheeraa isaa qabaatte inni ishiif ulfinnaa mitii? Rifeensi dheeraan akka haguuggiitti ishiif kennameeraatii. 16Garuu yoo Abbaan fedheyyuu waayee kanaa mormuu barbaade nu yookiin waldaaleen kiristaanaa Waaqayyoo bartee biraa[n] hin qabnu.

### Irbaata Gooftaa

*11: 23- 25 Kwf ⇒ Mat 26 : 26 - 28; Mar 14 : 22 - 24 ; Luq 22: 17- 20*

17Walitti qabamni keessan waan waa balleessuuf malee waa tolchuuf hinta'iniif ani ajaja isinii kennu kana keessatti isin hin jaju. 18Waan cufa dura, waldaan keessan yommuu walitti qabamu akka gargari bayiinsi jidduu keessan jiru nan dhagaya; kanas karaa tokkoon nan amana. 19Isin keessaa akka warri dhugaa qabeeyyiin beekamaniif gargari-bayiinsi jidduu keessan jiraachuun waanuma maluu dha. 20Yommuu walitti qabamtanitti wanti isin nyaattan irbaata[o] gooftaatii miti; 21Yeroo nyaataatti namni marti nyaata

[k]10 ykn *milikkeeta/malkata*; [l]10 ykn *guddinna;* [m]13 ykn *qajeelaa;* [n]16 ykn *dhibii;* [o]20 ykn *golola hawanii*

**11:5** *Mataa Haadame* - Bara Phaawuloosi keessa niitiin tokko akka fakkeenna qaanii yookaan salphinnaa qofaaf mataa haadatti ture.

**11: 20** *Irbaata gooftaa* - Yeroo kanatti Irbaanni Gooftaa nyaatuma dhugaa ture. booddee immoo nyaanni sun irbaata gooftaatiin gargari baafamee irbaata jaalalaa jedhamee beekamuutti deebi'e.

ufii isaa nyaachuu jalqaba; inni
tokko ni beela'a; kaan[p] immoo ni
machaa'a. 22Isin mana itti nyaat-
taniifi itti dhuddan hin qabdan
moo? yookiin waldaa kiristaanaa
Waaqayyoo tuffattanii warra
womaa hin qabne qaanessituu?
Ani maal isiniin jedha? kana
irratti isin jajuu ree? ani matu-
maa[q] kana hin godhu!

23Ani waan Gooftaa irraa
argadhe dabarsee isinitti ken-
neeraatii; Gooftaa Yesuus halkan
gaafa dabarfamee kenname
sanaa buddeena fuudhee, 24Waaqa
galateeffate; buddeena sanas
caccabsee, "kun foon kiyya kan
isiniif kennamuu dha; kanas na
qaabachuuf godhadhaa" jedhe.
25Akkasumas eegii irbaata
nyaatanii duubatti xuwwaa[r]
fuudhee, "xuwwaan kun kakuu
haaraya dhiiga kiyyaan hun-
deeffamee[s] dha; yeroo isa dhud-
dan hunda na qaabachuuf god-
hadhaa" jedhe. 26Isinis hanga
Gooftaan dhufutti yeroo bud-
deena kana nyaattanii xuwwaa
kana dhuddan mara du'a isaa ni
labsitu.

27Kanaaf namni otoo isaaf hin
malin buddeena sana nyaatu
yookaan xuwwaa Gooftaa dhugu
kamiyyuu waan foonii fi dhiiga
Gooftaa salphiseef itti gaafatama.
28Namni tokko otoo buddeena
sana irraa hin nyaatin, otoo
xuwwaa sana irraas hin dhugin
dura uf-qoruu qaba. 29Namni
otoo foon Gooftaa addaan baasee
hin hubatin nyaatuu fi dhugu
inni nyaachuu fi dhuguun murtii
uf-irratti fidaatii. 30Isin kees-
sas namoonni hedduun dad-
habuun isaanii, dhukkubsachuun[t]
isaaniis kanumaaf; namoonni
tokko tokkos du'aniiru. 31Otoo
sirriitti uf-qorree garuu nutti hin
muramu ture. 32Gooftaan yom-
muu nutti muru garuu akka
biyya lafaa waliin nutti hin mu-
ramneef nu adaba.

33Kanaaf yaa obboleeyyan
kiyya, isin yommuu nyaachuuf
walitti qabamtan wal eegaa.
34Akka walitti qabamuun kees-
san murtii isinitti hin finneef
eenyulleen yoo beelaye mana
isaatti haa nyaatuu!

Waan hafe irratti immoo ani
yommuu dhufutti qajeelcha nan
kenna.

### Kennaawwan Hafuuraa

**12** Yaa obboleyyan kiyya,
amma immoo akka isin
waayee kennaawwan hafuuraa[u]
beettan nan barbaada. 2Isin yeroo
namoota ormaa turtanitti akka
gowwoomfamtanii gara Waaqota
tolfamoo dubbachuu hin dan-
deenyeetti geeffamtanii turtan ni

[p]21 ykn *kuun;* [q]22 ykn *akkanallee jedhee;*
[r]25 ykn *muduunuu/waaccaa;* [s]25 ykn *yayy-
abame;* [t]30 ykn *fayyaa dhabuuni;*
[u]1 ykn *ayyaanaa*

beettu. 3Kanaaf namni hafuura
Waaqaatiin dubbatu kamiyyuu
akka, "Yesuus abaaramaa dha"
hin jenne, akka eenyulleeni yoo
hafuura qulqulluudhaan[v] ta'e malee,
"Yesuus gooftaa dha" jechuu hin
dandeenne ani isinittin hima.
4Kennaawwan hafuuraa gosa
garaa garaattu jira; hafuurri ga-
ruu tokkuma. 5Tajaajila[w] gosa
garaa garaattu jira; Gooftaani
garuu tokkuma. 6Hujii gosa ga-
raa garaattu jira; hunduma isaa
garuu Waaqa tokkichattu nama
hundumaa keessatti hojjata.
7Muldhanni hafuura Qulqulluu
garuu faayidaa waliitiif nama
maraaf kennama. 8Isa tokkoof
karaa hafuuraatiin dubbii qaroo-
maattu kennama; isa kaaniif im-
moo hafuuruma sanaan dubbii
beekumsaattu kennama. 9Isa kaaniif
hafuuruma sanaan amantiittu[x]
kennama; isa kaaniif immoo
hafuuruma tokkicha sanaan ken-
naawwan dhukkubsattoota[y]
fayyisuuttu kennama. 10Isa tok-
koof dinqiiwwan[z] hojjachuu, isa
kaaniif raajii[a] dubbachuu, isa
kaaniif hafuurota addaan baasee
beekuu, isa kaaniifis afaan
haaraya gosa adda addaa dub-
bachuu, isa kaanii immoo afaan
haaraya sana hiikuuttu kennama.
11Waan kana cufas hafuuruma
tokkicha sanattu akkuma fedhii
isaatti nama cufaaf dhunfaatti
hiruudhaan hojjata.

**Nafa Tokko, Kutaa Baay'ee**

12Nafti kutaa baay'ee qabaatullee
nafuma tokko; kutaawwan nafaa
yoo baay'ataniyyuu cufti isaanii
nafuma tokko ta'u; Kiristoosis
akkasuma. 13Nu Yihuudota yoo-
kaan Giriikoota, garboota yookaan
warra bilisooman[b] taanus marti
keenna hafuura tokkoon nafa
tokkotti cuuphamneerraatii. marti
keennas, akka dhunnuuf hafuurri
tokkichi sun nuu kennameera.
14Nafti kutaa tokko qofa irraa
otoo hin ta'in kutaawwan baay'ee
irraa hojjatame. 15Miilii yoo, "ani
harkaa miti; kanaafis ani kutaa
nafaatii mitii" jedhe kutaa nafaa
ta'uun isaa ni hafa jechuudhaa?
16Gurris yoo, "ani ijaa[c] miti;
kanaafis ani kutaa nafaatii miti"
jedhe kutaa nafaa ta'uun isaa ni
hafa jechuudhaa? 17Otoo nafti
guutumaatti ija ta'e jiraatee dha-
gawuun eessa jira? Otoo nafti
guutumaatti gurra ta'ee jiraatee
fuunfachuun[d] eessa jira? 18Amma
garuu Waaqayyo akkuma ufii
barbaadetti kutaawwan sana
adduma addaan nafa keessa kaay-
eera,
19Otoo cufti isaanii kutaa nafaa
tokkicha qofa ta'anii jiraatanii nafti

[v]3 ykn *ayyaana woyyuun;* [w]5 ykn *hujii;* [x]9 ykn *dhugeeffachaattu;* [y]9 ykn *warra fayyaa hinta'in;* [z]10 ykn *hujii mamaa/ baasa;* [a]10 ykn *dubbii raagaa/himana;* [b]13 ykn *balchooman;* [c]16 ykn *ilaa;* [d]17 ykn *suufachuuni*

eessaa argama? 20Egaa kutaaw-
wan nafaa baay'ee dha; nafti garuu
tokkichuma.
21Iji harkaan, "ati na hin bar-
baachiftu" jechuu hin danda'u;
mataanis miilaan, "ati na hin
barbaachiftu" jechuu hin dan-
da'u. 22Keessumattuu kutaawwan
nafaa kanneen dadhaboo fak-
kaatan akka malee barbaachisu.
23Kutaawwan nafaa kanneen
tuffatamoo nutti fakkaataniifis
ulfinna guddaa ni kennina; ku-
taawwan nafaa kanneen itti
qaanofnuuf immoo ulfinna
idaana. 24Kutaawwan nafa
keennaa kanneen nu itti hin
qaanofnes waan kana hin bar-
baadan; Waaqayyo garuu ku-
taawwan nafaa walitti makee
kutaawwan tuffatamoof ulfinna
caalu kenne. 25Kunis akka ku-
taawwaan haala wal-fakkaatuun
walii yaadaniifi akka nafa keessa
gargari-bayiisni hin jiraan-
neefiidha. 26Yoo kutaan nafaa
tokko rakkate kutaawwan cuftinuu
isa wajjiin rakkatu; yoo kutaan tokko
ulfinna argate immoo kutaaw-
wan cuftii isa wajjiin gammadu.
27Isin amma nafa Kiristoosii ti;
martii keessanis kutaa nafa sanaa
ti. 28Waaqayyo waldaa Kiristaanaa
keessatti duraan dursee ergam-
toota, lammaffaa raajota[e], sadaf-
faa barsiistota, kana booddees[f]
warra hujii baasaa hojjatan, itti
aansees warra kennaa dhukkub-
sattoota fayyisuu qaban, warra
namoota gargaaruu danda'an,
warra kennaa bulchiinsaa qabanii
fi warra afaan haaraya gosa
addaa addaa dubbatan filateera.
29Hundumattu ergamtootaa? hun-
dumattu raajotaa? hundumattu
barsiistootaa? hundumattu hujii
baasaa hojjataa? 30hundumattu
kennaa dhukkubsattoota fayy-
isuu qabaa? hundumattu afaan
haaraya dubbataa? hundumattu
afaan sana hiikaa? 31Isin garuu
jabeessaatii kennaa kennaawwan
hafuuraa caalu hawwaa.

**Jaalala**

Ammas ani karaa karaa hundu-
maa caalu isinitti nan argisiisa.

**13** Ani yoo afaan namootaatii
fi afaan maleekkotaatiin
dubbadhellee, jaalala qabaachuu
baannaan akkuma sibiila Iyyuu
yookiin akka qoonqa[g] dibbee
rukutamu[h] tokkooti. 2Ani yoo
kennaa raajii dubbachuu[i] qabaad-
hellee, dhossaa mara fi beekumsa
mara hubachuu otoon danda'el-
lee, amantii gaara buqqisuu dan-
da'us qabaadhellee jaalala qa-
baachuu baannaan garuu ani
womaa miti. 3Ani yoo waan qabu
cufa hiyyeeyyiif kennee, nafa
kiyyas akka inni gubamuuf ibid-
datti kenne jaalala qabaachuu

[e]28 ykn *raagoyta;* [f]28 ykn duubatti*;* [g]1 ykn *qoonqoo/sagalee;* [h]1 ykn *dhaanani;* [i]2 ykn *waa faguu*

baannaan womaa na hin fayyadu.

[4]Jaalalli ni obsa; jaalalli gara laafessa; hin hinaafu; uf-hintuulu; ufis hin jaju. [5]Jaalalli waan hinmalle hin hojjatu; uf qofa hin jaalatu; hin aaru[j]; waan hamaas nama irratti hin lakkaawu[k]. [6]Jaalalli dhugaatti gammada malee waan hamaatti hin gammadu. [7]Yeroo cufa ni obsa; yeroo cufa ni amana; yeroo cufa ni abdata; yeroo cufas jabaatee dhaabata.

[8]Jaalalli matumaa[l] lafa hin bu'u; raajii dubbachuun ni hafa; afaan haaraya dubbacuun ni hafa. Beekumsis ni bada. [9]Beekumsa keessaa muraasa[m] beennaatii; raajiis muraasa dubbanna. [10]Yommuu inni guutuun dhufutti garuu inni muraasni sun ni hafa. [11]Ani yeroo ijoollee turetti, akka ijoolleettin dubbadha ture; akka ijoolleetti nan yaada ture; akka ijoolleetti nan herregas ture; garuu ani erga nama guddaa ta'ee akka ijoolleetti jiraachuu dhiiseera. [12]Amma Daawitii keessaan bifa dimimisaa'aa arginaatii; yeroo sana garuu kallattiidhaan[n] ni argina. Ani amma beekumsa keessaa muraasa beeka; yeroo sana garuu akkuma guutumaatti beekamuutti guutummaatti nan beeka.

[13]Egaa amantiin[o], abdii fi jaalalli sadan saaniiyyuu bara baraan ni jiraatu; isaan keessaa kan caalu garuu jaalala.

**Kennaawwan Raajiitii fi Afaan Haaraya Dubbachuu**

**14** Karaa jaalalaa hordoofaa; kennaawwan hafuuraa[p] keessumattuu kennaa raajii dubbachuu[q] cimsaatii barbaadaa. [2]Namni afaan haarayaan dubbatu kamiyyuu Waaqatti malee namootatti hindubbatuutii; namni isa hubatu tokkoyyuu hin jirruu tii; ta'us inni hafuura isaatiin dhossaa dubbata. [3]Namni raajii dubbatu garuu isaani ijaaruuf, gorsuu fi jajjabeessuuf jedhee namootatti dubbata. [4]Namni afaan haarayaan dubbatu ufuma isaa cimsa; Inni raajii dubbatu garuu waldaa kiristaanaa cimsa. [5]Ani akka hundi keessan afaan haarayaan dubbattan nan barbaada; caalaatti garuu akka raajii dubbatan nan jaaladha; namni afaan haarayaan dubbatu tokko akka waldaan kiristaanaa ittiin jajjabaattuuf jedhee waan dubbatu sana yoo hiikuu baate isa afaan haarayaan dubbatu irra isa raajii dubbatuttu caala.

[6]Egaa yaa obboleeyyan kiyya, ani yoo muldhata yookaan beekumsa yookaan raajii yokaan

[j]5 ykn *hin dallanu;* [k]5 ykn *hin herregu;* [l]8 ykn *akkanallee jedhee;* [m]9 ykn *haga diqqaa*; [n]12 ykn *qajeelumatti;* [o]13 ykn *dhugeeffachaan;* [p]1 ykn *ayyaanaa;* [q]1 ykn *fagiisaa/dubbii raagaa dubbachuu*

barsiisa tokko tokko isinitti hime
malee yoo afaan haaraya qofa
dubbachaa gara keessan dhufe
maal isin fayyada? [7]Kunis
meeshaa lubbuu hin qabne kan
akka ululleetii fi kiraaraa kan-
neen qoonqa[r] kennan birattillee
akkanuma; ululleen afuufamee
yookiin kiraarri rukutamee yoo
qoonqi isaa gargar baafame
malee namni tokko akkamitti
addaan baasee beekuu danda'a
ree? [8]Sagaleen magalataa yoo
addaan baafame beekame malees
eenyuttu lolaaf qophaaya? [9]Isinis
akksuma yoo afaan keessaniin
dubbii hubatamaa dubbattan
malee namni tokko akkamitti
waan isin jettan sana beekuu
danda'a ree? Qilleensatti dub-
bachuu keessaniitii. [10]Akka afaan
gosa garaa garaa addunyaa irra
jiru beekamaa dha. Garuu isaan
keessaa kan hiikkaa hin qabne
tokkolleen hin jiru. [11]Kanaaf ani
yoo hiikkaa waan namni tokko
dubbatuu hubachuu baadhe ani
namicha dubbatu sanaaf kees-
summaa dha. Namichi dubbatu
sunis anaaf keessummaa dha.
[12]Isin waan jabeessitanii ken-
naawwan hafuuraa qabaachuuf
barbaaddaniif, kennaawwan
waldaa kiristaanaa cimsan
jabeessaatii barbaada.

[13]Kanaaf namni afaan haarayaan
dubbatu tokko akka waan dub-
batu sana hiikuu danda'auuf
Waaqa kadhachuu qaba. [14]Yoo
ani afaan haarayaan waaqa
kadhadhe hafuurri kiyya ni kad-
hataatii; qalbiini kiyya garuu
kadhannaa sana keessatti hin
hirmaatu. [15]Yoos ani maal godha
ree? hafuura kiyyaan nan
kadhadha, qalbii kiyyaanis nan
kadhadha; hafuura kiyyaan nan
faarfadha; qalbii kiyyaanis nan
faarfadha. [16]Yoo kanaa achii
otoo ati hafuura keetiin Waaqa
galateeffachuutti jirtuu, namni
bakka[s] warra hin baratinii taa'e
tokko waan ati dubbattu waan
hin beekinniif akkamitti galata
ati dhiyeessitu sanaaf "aamiin"
jechuu danda'aa. [17]Ati tarii
sirriitti galata dhiyeessita
ta'a; namni kaan garuu ittiin
hin qulqulleeffamu.

[18]Ani waan hunduma keessan
caalaa afaan haarayaan dubbad-
huuf Waaqa nan galateeffadha.
[19]Waldaa kiristaanaa keessatti
garuu qoonqa kuma kudhan afaan
haarayaan dubbachuu irra qoonqa
hubatamaa shan dubbachuu nan
barbaada.

[20]Yaa obboleeyyani, akka ijool-
leetti yaaduu dhiisaa; waan
hamaaf daa'imman ta'aa; huban-
naadhaan garuu nama guddaa
ta'aa. [21]seera keessatti akkana
jedhamee barreeffameera;

[r]7ykn *sagalee/qoonqoo;* [s]16 ykn *fulaa*

"Ani karaa namoota afaan
haaraya dubbataniitiin,
karaa afaan namoota biyya
ormaatiinis
saba kanatti nan dubbadha;
isaani garuu yeroo sanatti na
hin dhagayan"
jedha Gooftaan.

22Kanaaf afaan haarayaan dub-
bachuun warra hin amaniniif[t]
milikkita[u] ta'a malee warra
amananiifii miti; raajii dubbachuun
garuu warra amananiif malee,
warra hin amaniniifii miti.
23Egaa waldaan amantootaa guu-
tuun walitti qabamee yoo hundi
isaanii afaan haarayaan dub-
batan, yoo namoonni hin hubanne
yookiin namoonni hin amanne
ol-seenan isin maraattaniirtu
isiniin hin jedhanii? 24Otoo
namni cufti raajii dubbachaa
jiruu yoo namni hin amanne
tokko yookiin namni hin hu-
banne tokko ol- seene inni akka
cubbamaa ta'ee nama cufaan ni
amansiifama; nama cufaanis
isatti ni murama. 25Dhossaani
garaa isaa keessaas ifatti ni
baafama; innis, "Waaqayyo dhugu-
maan isaan jidduu jira" jedhee
dubbachaa addaan lafatti gombi-
famee Waaqayyoof ni sagada.

**Waaqeffannaa Sirna Qabeessa**

26Yaa obboleeyyani, egaa maal
jenna ree? Yommuu Isin walitti
qabamtanitti namni marti faar-
fannaa yookaan barsiisa yookaan
muldhata yookaan afaan haarayaan
dubbachuu yookaan hiikkaan afaan
haaraya sanaa kunneen martinuu
waldaa kiristaanaa cimsuuf ho-
jjatamuu qabu; 27Namni afaan
haarayaan dubbatu yoo jiraate
lama yookiin yoo baay'ate sadii
ta'anii dabareen[v] haa dubbatanii;
namni tokko immoo haa hiikuu.
28Yoo namni hiiku jiraachuu
baate garuu namichi dubbatu sun
waldaa kiristaanaa keessatti
caldhisee ufiisaatiifi Waaqayyotti
haa dubbatuu.

29Raajonnis[w] lama yookiin sadii
ta'anii haa dubbatanii; warri kaan[x]
immoo waan dubbatamu sana
sirriitti haa qoranii. 30Yoo warra
achi taa'an keessaa isa tokkoof
muldhanni dhufe, namichi duraan
dubbachaa ture sun haa caldhi-
suu. 31Namni cufti akka baratuuf,
cuftinuus akka jajjabeeffamuuf
tokko tokkoon raajii dubbachuu
ni dandeettuutii. 32Hafuuronni
raagotaa raagotaaf ni ajajamu;
33Waaqayyo waaqa nagayaa ti
malee Waaqa gooliitii[y] miti.

Akkuma waldoota qulqullootaa
hundumaa keessatti t'au, 34dubar-
tononi waldaa kiristaanaa kees-
satti haa caldhisanii. Akka seerri
jedhutti isaan akka ajajaman

[t]22 ykn *hin dhugeeffatiniif;* [u]22 ykn *milikkeeta/malkata;* [v]27 ykn *marroo marrootti;* [w]29 ykn *raagonnis;* [x]29 ykn *kuuwwan;* [y]33 ykn *goo'annaatii*

malee akka dubbatan hin eeyyamamneefiitii. 35Wanti isaan beekuu barbaadan yoo jiraate manatti dhiirsa isaanii haa gaafatanii; dubartiini tokko waldaa kiristaanaa keessatti dubbachuuni qaaniidhaatii.

36Dubbiini Waaqayyoo isin keessaa bayee ree? Yookiin isinuma qofa bira gayee ree? 37Eennuyyuu yoo raajaa yookiin nama hafuuraa uf se'e akka wonni ani amma isiniif barreessu kun ajaja gooftaa ta'e haa beekuu. 38Eenyuyyuu waan kana beekuu baannaan innis hin beekamu.

39Kanaaf yaa obboleeyyan kiyya, raajii dubbachuu jabeessaatii hawwaa; afaan haarayaan dubbachuus hin dhowwinaa[z]. 40Wanti martinuu garuu karaa qajeelaa fi sirna qabeessa ta'een hojjatamuu qaba.

**Du'aa Ka'iisa Kiristoosii**

**15** Ammas yaa obboleeyyani, waayee wangeela kan isinitti lallabee, kan isin fudhattanii ittiin cimtanii dhaabatan sanaa isin yaadachiisuu[a] nan barbaada. 2Isin yoo dubbii ani isinitti lallabe sana jabeessitanii qabattan wangeeluma kanaan ni fayyitu; yoo kanaa achii akkasumaan amantan[b] jechuu dha.

3Anis waan fudhadhe, kan waan hundumaa caalu dabarsee isinitti kenneeraatii; akka kitaabonni qulqulluun dubbatanitti, kiristoos cubbuu keennaaf jedhee du'e; 4ni awwaalames; akka kitaabonni qulqulluuni dubbatanitti guyyaa sadaffaattis du'aa kaafame. 5Inni duraan dursee Pheexiroositti, eegasiis warra kudhanii lamaanitti muldhate. 6Sana booddees[c] yeroo tokkotti obboleeyyan dhibba shanii ol ta'anitti muldhate. Isaani keessaas yoo muraasni[d] du'anillee hedduun isaanii hanga ammaa ni jiru. 7Ergasiis Yaaqoobitti, booddee immoo ergamtoota maratti muldhate. 8Hundumaan duubatti immoo ana kan akka nama yeroo malee dhalateetti lakkaawamutti[e] muldhate.

9Ani sababii waldaa kiristaanaa Waaqayyoo gaargalchaa[f] tureef ergamtoota cufumaa gadiitii; ergamaa jedhamee waamamuuniyyuu naaf hin malu. 10Garuu ani ayyaana Waaqayyootiin akka amma jiru kana ta'eera; ayyaanni isaa kan naa kennames akkasumaan hin hafne; karaa biraatiin[g] immoo ani hunduma isaanii caalaa jabaadhee hojjadheera; kanas otoo ana hin ta'in ayyaana Waaqayyo naa kennettu hojjate. 11Egaa anas ta'u yookaan isaan, wanni nu lallabnu, inni isin amantanis kanuma.

[z]39 ykn *hindhooginaa* [a]1 ykn *qaabachiisuu;* [b]2 ykn *dhugeeffattan;* [c]6 ykn *duubatti;* [d]6 ykn *hagii tokko;* [e]8 ykn *herregamuutti;* [f]9 ykn *ariyachaa/ baqachiisaa;* [g]10 ykn *dhibiin*

## Du'aa Ka'iisa Warra Du'anii

12 Kiristoos erga warra du'an keessaa akka kaafame lallabamee, isin keessaa namoonni tokko tokko akkamitti du'aa ka'iisni warra du'anii hin jiru jechuu danda'u ree? 13 Eegii du'aa ka'iisni warra du'anii hin jirre immoo, Kiristoosiyyuu du'aa hin kaafamne jechuudha kaa! 14 Eega Kiristoos du'aa hin kaafamin immoo lallabni keenna faayidaa hin qabu; amantiin keessanis faayidaa hin qabu. 15 Kana malees Waaqayyo Kiristoosin du'aa kaaseera jennee waayee Waaqayyoo waan dhugaa baaneef[h], nu waayee Waaqayyoo dhuga-baatoota dharaa taanee argamneerra; erga warri du'an hin kaafamin immoo inni Kiristoosin hin kaafne jechuu dha. 16 Yoo warri du'an hin kaafamin, Kiristoosis hin kaafamne. 17 Erga Kiristoos du'aa hin kaafamin immoo amantiin keessan faayidaa hin qabu; isinis ammumayyuu cubbuu keessa jirtu jechuu dha. 18 Yoos warri otoo Kiristoos keessa jiranuu du'an baduu isaanii ti! 19 Yoo jireenya ammaa qofaaf jennee Kiristoosin abdanne nu warra namni hundi gadduuf[i] ta'uu keenna.

20 Amma garuu Kiristoos dhugumaan warra du'an keessaa kaafameera; innis du'aa kaafamuutti warra du'aniif hangafa. 21 Akkuma duuti karaa nama tokkootiiin dhufe, akkasuma immoo du'aa ka'iisni warra du'anii karaa nama tokkootiin dhufeeraatii. 22 Akkuma sababii Addaamiitiin cuftinuu du'an, Kiristoosiin immoo cuftinuu akka jiraatan ni ta'uutii. 23 Kun martinuus yeroo dabaree[j] isaatti ni ta'a; kana jechuunis Kiristoos akka hangafaatti, sana booddee immoo yeroo inni deebi'ee dhufutti warra kan Kiristoosii ta'an jechuu dha. 24 Innis erga gooftummaa hunda, aangoo[k] fi humna hunda balleessee booddee, yeroo Waaqa Abbaatti mootummaa dabarsee kennutti dhumni baraa ni ta'a. 25 Inni hanga waaqni diinota[l] isaa cufa miila isaa jala galchutti moowuu qabaatii. 26 Diinni barbadeeffamuu qabu kan dhumaa du'a. 27 Waaqni, "waan mara miila isaa jala galcheeraatii." Garuu "wanni martinuu" isa jala galfameera jechuuni akka waaqa waan mara Kiristoos jala galche sana hin ida'atin beekamaa dha. 28 Wanni martinuu yommuu bulchiinsa Kiristoosi jala galfamutti Ilmi mataan isaa akka Waaqayyo waan mara irratti aangoo qabaatuuf Waaqa waan mara isa jala galche sanaaf ni bitama[m].

[h]15 ykn *dhugeessineef/rageessineef;* [i]19 ykn *laaleffatuuf;* [j]23 ykn *marroo;* [k]24 ykn *guddinnaa;* [l]25 ykn *nyaapha;* [m]28 ykn *jalatti bula;*

29 Yoo du'aa- ka'iisni jiraachuu baate namoonni warra du'aniif jedhanii cuuphaman maal gochuu isaaniiti? Warri du'anis yoo matumaa[n] du'aa hin kaafamini namoonni maaliif bakka[o] isaanii cuuphamu ree? 30 Nu maaliif sa'aatii mara balaaf uf kennina? 31 Yaa obboleeyyani, ani guyyuma guyyaan nan du'a; kanas karaa gooftaa keenna Kiristoos Yesuusiitiin isiniin boonuu kiyya nan mirkaneessa. 32 Ani yoo akka yaada namaatti dubbadhe Efesoonitti bineensa bosonaa waliin wal loluun kiyya maal na fayyada ture? erga warri du'an hin kaafamnee akkuma,

" Waan bori duunuuf,
koottaa ni nyaannaa; ni dhunnas" jedhame sana ta'uu isaa ti.

33 Hin gowwoomfaminaa, "jaalli hamaan amala gaarii balleessa." 34 Gara qalbii keessan isa qajeelaatti deebi'aa; cubbuu hojjachuus dhiisaa; namoonni Waaqa hin beenne tokko tokko jiruutii. Anis isin qaanessuuf waan kana dubbadha.

**Nafa Du'aa-Ka'iinsaa**

35 Garuu namni tokko, "warri du'an akkamitti kaafamu? nafa akkamii qabaatus?" jedhee ni gaafata ta'a. 36 Yaa gowwaa nana[p]! Wanni ati facaaftu yoo du'e malee jireenya hin argatu. 37 Wanni ati facaaftu sanyuma, jechuunis sanyii qamadii[q] yookiin sanyii midhaani dhibii malee nafa midhaani biqilee guddachuuf jiru sanaa tii miti. 38 Waaqayyo garuu akkuma jaalala isaatti nafa isaaf kenna; gosa sanyii hundaatiifis nafa isaanii ta'u kennaaf. 39 Foon mar tinuu tokkoo miti; namni foon gosa tokkoo qaba; horiin foon gosa biraa, simbirroonni[r] foon gosa biraa, qurxummiinis foon gosa biraa qabu. 40 Akkasuma immoo nafawwan samii ni jiru; nafawwan lafa irraas ni jiru; garuu ulfinni nafawwan samii irraa gosa tokko; ulfinni nafawwan lafa irraa immoo gosa biraa ti. 41 Aduun ulfinna gosa tokkoo qabdi; ji'is ulfinna gosa biraa, urjiiwwanis ulfinna gosa biraa qabu; ulfinni urjii tokkoo ulfinna urjii biraatiin addaa tii.

42 Du'aa-ka'iisni warra du'aniis akkasuma; waan baduttu facaafama; inni kaafamu immoo jiraataa dha. 43 Innis salphinnaan

[n]29 ykn *qulqullumaa;* [o]29 ykn *fulaa;* [p]36 ykn *kana;* [q]37 ykn *dargaayyee;* [r]39 ykn *simphirreeni*

**15:29** *Warra du'aniif jedhanii Cuuphamuu* - Waldaa Kiristaanaa Qorontoosi keessa namoota firoota yookaan jaallan isaanii kanneen otoo hin cuuphaminuu du'aniif jedhanii du'aa ka'iisa isaaniif mirkaneessuudhaaf cuuphamaniifittu ture.

facaafama; kaafama; dadhabbiin facaafama kaotama; jabeennaan; [44]nafa fooniittu facaafama; nafa hafuuraattu kaafama.

Eegii nafni foonii jiraatee, naftni hafuuraas ni jira. [45]Kanaaf, Addaam namichi jalqabaa lubbuu qabeessa ta'e jedhamee barreeffameera; Addaam inni dhumaa ammoo hafuura jireenya kennu ta'e. [46]Inni jalqabaa garuu isa hafuuraa otoo hin ta'in isa foonii ti; inni hafuuraa immoo eegasii dhufe. [47]Namichi jalqabaa waan biyyee irraa hojjatameef inni nama biyya lafaa ti; namichi lammaffaan immoo samii irraa dhufe. [48]Warri kan biyya lafaa ta'an akkuma namicha biyya lafaa sanaa ti; warri kan samii ta'an immoo akkuma namicha samii irraa dhufe sanaa ti. [49]Nu akkuma bifa namicha biyya lafaa sanaa uffannee, akkasuma immoo bifa namicha samii sanaa ni uffanna.

[50]Yaa obboleeyyani, akka foonii fi dhiigni mootummaa Waaqayyoo dhaaluu hin dandeenne yookiin inni badu isa hin banne dhaaluu hin dandeenne ani isinitti nan hima. [51]Kunoo, ani icciitii[s] tokko isinitti nan hima; cufti keenna hinduunu; nu cufti garuu ni jijjiiramna; [52]Kunis yeroo magalanni dhumaa afuufamu yeruma sanatti hanga liphsuu[t] ijaatti[u] kan raawwatamuu[v] dha. Magalanni ni afuufamaatii; warri du'anis kanneen hin banne ta'anii ni kaafamu; nus ni jijjiiramna. [53]Inni badu kun isa hin banne, inni du'u kun immoo isa hin duune uffachuu qabaatii. [54]Yeroo inni badu isa hin banne uffatee, inni du'u immoo isa hin duune uffatutti dubbiin akkana jedhamee barreeffame sun ni raawwatama; " duuti injifannoodhaan[w] liqimfameera." akkasumas,

[55]"yaa du'a, injifannooni kee meeti ree?
yaa du'a, ilkeen kee meeti ree ?"

[56]Ilkeeni du'aa cubbuu dha; humni cubbuu immoo seera. [57]Waaqa karaa gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiitiin injifannoo nuu kennuuf garuu galanni haa ta'uu.

[58]Kanaaf yaa obboleeyyan kiyya jaalatamtoota, jabaadhaa dhaabadhaa; wanni tokko isin hin sochoosini; akka dadhabbiini keessan gooftaa biratti faayidaa malee hin hafne waan beettaniif yeroo cufa hujii gooftaatti guutummaatti uf kennaa.

## Qulqullootaaf Horii Walitti Qabuu

**16** Waayee horii qulqullootaaf walitti qabamuu garuu isinis akkuma ani waldoota kiristaanaa Galaatiyaa ajaje sanatti

[s]51 ykn *dhossaa;* [t]52 ykn *limsuu;* [u]52 ykn *ilaatti;* [v]52 ykn *inguutama;* [w]54 ykn *dabsaachaan*

raawwadhaa[x]. [2]Akka horii walitti qabuun yeroo ani dhufutti hin taaneef isin cufti akkuma galii keessaniitti torbanuma torbaniin guyyaa jalqabaa horii xiqqaa kophaatti baasaatii kaayaa. [3]Anis yeroo isin bira dhufutti akka namoonni isin filattan kennaa keessan geessaniif xalayaa ittiin beekaman kenneefii Yerusaalemitti isaan erga. [4]Yoo dhaquun kiyya barbaachisaa ta'e immoo isaan na faana dhaqu.

**Karoora Phaawuloosi**

[5]Ani waan Maqedooniyaa keessa dabruuf, yeroo Maqedooniyaa keessa dabrutti isin bira nan dhufa. [6]Akka isin bakka[y] ani dhaqu hundatti imala kiyya irratti na gargaaruu dandeettaniif tarii[z] yeroo diqqoo isin bira nan tura ta'a; yookiin ganna isin bira nan tura ta'a. [7]Yoo Gooftaan jedhe ani waan yeroo dheeraa isin bira turuuf abdii qabuuf, amma otoon dabruu goree isin arguu hin barbaadu. [8]Hanga guyyaa Pheenxeqoosxeetti garuu Efesooni keessa nan tura. [9]Balbali baldhaan hujii bu'a-qabeessa qabu tokko naa banameeraatii; warri naan mormanis baay'eettu jira.

[10]Yeroo Ximootewoos gara keessan dhufutti waan innis akkuma kiyya hujii Gooftaa hojjatuuf hanga isin bira turutti akka inni waa tokkoyyuu hin sodaanne godhaa. [11]Kanaaf namni tokkoyyuu isa hin tuffatin; akka inni gara kiyyatti deebi'uufis nagayaan ergaa; ani obboleeyyan wajjiin isa eegaa jiraatii.

[12]Waayee obboleessa keenna Aphiloosi immoo akka inni obboleeyyan kaan waliin gara keessan dhufuuf ani jabeessee isa kadhadhee ture. Inni garuu amma dhufuuf matumaa[a] fedhii hin qabu; yeroo isaaf mijaawutti garuu ni dhufa.

[13]Dammaqaa; amantiitti[b] cimaatii dhaabadhaa; jajjabaadhaa; cimaas. [14]Wanni isin hojjattan martinuu jaalalaan haa ta'uu.

[15]Ammas yaa obboleeyyani, akka warri mana Isxifaanoosii jiraatan Akaayyaa keessaa warra jalqabatti amanan turan isin ni beettu; isaanis qulqulloota tajaajiluuf[c] of kennaniiru. [16]Anis akka isin namoota akkasiitiif, warra isaan wajjiin hojjatanii fi warra isaan wajjiin dadhaban cufaaf ajajamtan isin kadhadhaa. [17]Isxifaanoos, Farxunaaxoosii fi Akkaayiqoos na bira dhufuu isaaniitti gammadeera; isaan waan asii dhabamuu keessaniin hirdhate guutaniiruutii. [18]Isaan hafuura kiyyaa fi hafuura keessan boqochiisaniiruutii; kanaaf namoonni

[x]1 ykn *hojjadhaa;* [y]6 ykn *fulaa;* [z]6 ykn *gaafiini;* [a]12 ykn *diqqoollee;* [b]13 ykn *dhugeeffachaatti;* [c]15 ykn *gargaaruuf*

akkanaa beekamuu qabu.

**Dhaamsa Dhumaa**

[19]Waldoonni kiristaanaa kutaa
biyya Isiyaa nagaya isiniif dhaamu;
Aqiilaa fi Phirisqiillaan, wal-
daani kiristaanaa tan mana isaanii
jirtus maqaa Gooftaatiin garaa
guutuun nagaya isinii dhaamu.
[20]Obboleeyyan hundinuu nagaya
isinii dhaamu; dhuungoo qulqul-
luun wal -dubbisaa .

[21]Nagaya kana ana Phaawu-
loosittu harkuma kiyyaan isinii
barreessa.

[22] Namni Gooftaa hin jaalanne
kamiyyuu haa abaaramuu; yaa
Gooftaa koottu.

[23]Ayyaanni Gooftaa keenya
Yesuus Kiristoosi isin waliin
haa ta'uu.

[24]Jaalalli kiyya karaa Kiristoos
Yesuusiitiin cufuma keessan
waliin haa ta'uu; aamiin.